

Dambii Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe

Lakk. 02/2011

Seensa

Bilisummaan abbaa seerummaa heera mootummaatiin beekamtii argate itti gaafatamummaan yoo utubame malee mirkanaa'uu akka hin dandeenye itti amanuudhaan;

Kabajni hojii Abbaa Seerummaa eeggamuu kan danda'u abbootiin seeraa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa fi jireenya dhuunfaa isaanii keessatti naamusa ol'aanaa fakkeenyummaa qabu gonfatanii argamuun waan irraa eegamuuf;

Itti gaafatamummaa naamusa Abbootii Seeraa ifaan tumuun sadarkaa qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa Seerummaa fi amantaan uummatni Mana Murtii irratti qabu akka ol-guddisu gochuu keessatti gumaacha guddaa qabaachuun isaa waan itti amanameef;

Naamusni abbaa seerummaa cabee yoo argame tarkaanfiin naamusaa madaalawaa fudhatamuu qabu ifaan tumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Dambiin naamusa abbaa seerummaa Lakk.2/2001 amma hojiirra jiru itti gaafatamummaa naamusa abbaa seerummaa bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuu keessatti hanqina kan qabu ta'ee waan argameef;

Bu'uura Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe Labsii Lakk. 217/2011 Keewwata 8(1) fi Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Lakk. 216/2011 Keewwata 34 (4) bu'uureeffachuun kan armaan gadii tumameera.

KUTAA TOKKO

TUMAALEE WALIIGALAA

1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiin kun “**Dambii Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 02/2011**, kanaan booda ‘*Dambii Naamusaa*’” jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiikoo Jechootaa



Akkaataan fayyadama jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

- 1) **“Abbaa Seeraa”** jechuun ogeessa seeraa hojii abbaa seerummaa akka hojjatuuf Gumiidhan filatamee Caffeedhaan kan mudame Abbaa Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa jechuu ta'ee hojiirra oolmaa Dambii kanaaf jecha mudamtootas ni dabalata.
- 2) **“Caffee”** jechuun Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 3) **“Duudhaa”** jechuun istaandardii yookin qajeeltoo bu'uuraa naamusa gaarii hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa barbaadu Koodii Naamusa Abbootii Seeraa Oromiyaatiin haammataman jechuudha.
- 4) **“Garee Gumii Waliigalaa”** jechuun qaama Gumii ta'ee dhimma naamusaa akka ilaalee murteessuuf sadarkaa Mana Murtii Waliigalaatti kan hundaa'e jechuu dha.
- 5) **“Gumii Godinaa”** jechuun qaama Gumii ta'ee dhimmoota bulchiinsa Abbootii Seeraa, Mana Murtii fi naamusaa ilaalee akka murteessuuf sadarkaa Manneen Murtii Ol'aanaatti kan hundaa'e jechuu dha.
- 6) **“Gumii”** jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa (gabaabaatti 'Gumii Naannoo' jedhamee kan waamamu) jechuu dha.
- 7) **“Koodii Naamusaa”** jechuun Koodii Naamusaa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa jechuudha.
- 8) **“Manneen Murtii”** jechuun Mana Murtii Waliigalaa, Mana Murtii Ol'aanaa fi Mana Murtii Aanaa jechuudha.
- 9) **“Pirezidaantii”** jechuun Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 10) **“Walitti Bu'iinsa Dantaa”** jechuun maallaqa yookin faayidaa dhuunfaa Abbaa Seeraa yookin maatii isaa hojii abbaa seerummaa waliin kallattiidhaan yookin al-kallattiin walitti bu'u yookin walitti bu'iinsa uumu jechuudha.

3. Ibsa Koorniyaa

Dambii kana keessatti koorniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiifis kan hojjetu ta'a.

4. Kaayyoo Dambichaa

Dambiin kun kaayyoowwan armaan gadii kan qabaatu ta'a.



- 1) Naamusa abbaa seerummaa Mana Murtii keessatti dagaagsuudhaan amantaa ummatni Mana Murtii fi sirna abbaa seerummaa irratti qabau akka ol guddatu taasisuu.
- 2) Badiin naamusaa abbaa seerummaa akka hin raawwatamne dursanii akeekkachiisuudhaan Abbootiin Seeraa kana beekanii dursanii akka irraa of eeggatan gochuu; bakka badiin naamusaa raawwatee argatametti ammoo itti gaafatamummaa mirkanneessuudhaan adabbii naamusaa ifa ta'e kennuudhaan of duratti akka irraa barataniin naamusa Abbaa Seeraa gaarii gonfatan, akkasumas Abbootii Seeraa biroonis haaluma wal-fakkatuun irraa barataniin badii naamusaa irraa akka of-qusataniin fi naamusa isaanii daran akka gabbifatan taasisuu;
- 3) Abbootii Seeraa badii naamusaa cimaa yookin irra deddeebiin raawwatan naamusa isaanii sadarkaa naamusaa Abbaa Seeraa irraa eegamuu fi kabajaa hojii abbaa seerummaa waliin kan walii hin madaalle ta'uu mirkanneessuudhaan hojii abbaa seerummaa irraa sirna ittiin maqfaman ifatti diriirsuu.

5. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

KUTAA LAMA

BADIIWWAN NAAMUSAA

Kutaa Xiqqaa Tokko

Gosoota Badii Naamusaa

6. Badiiwwan Naamusaa

Badiiwwan naamusaa akkaataa ulfaatina isaanitiin akka armaan gaditti qoodamaniiru:

- 1) Badiiwwan naamusaa badii naamusaa xiqqaa, badii naamusaa salphaa fi badii naamusaa cimaa jedhamanii bakka sadiiti kan qoodaman ta'a.
- 2) Badiiwwan naamusaa xiqqaan tokkoo ol ta'an si'a tokkotti yoo raawwataman yookin yeroo addaa addaatti yoo raawwataman akka badii salphaatti kan lakkaa'aman ta'a.



- 3) Badiiwwan naamusaa salphaan tokkoo ol ta'an si'a tokkotti yoo raawwataman yookin irraa deddeebiin yeroo addaa addaatti yoo raawwataman akka badii cimaatti kan lakkaa'aman ta'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Badiiwwaan Naamusaa Xiqqaa

7. Qajeeltoo Bu'uuraa

Badiiwwan naamusaa xiqqaa jechuun badiiwwan hojii guyyaa guyyaan hojjataman keessatti raawwataman, miidhaa cimaa kan hin hordofsiifne ta'anii, adeemsa idilee bulchiinsa naamusaa keessa darbuun osoo hin barbaachiisin tarkaanfii bulchiinsaatiin kan adabsiisan jechuudha.

8. Tarreeffama Badiiwwan Naamusaa Xiqqaa

Abbaan Seeraa badiiwwan armaan gadii raawwatee argame badii naamusaa xiqqaan kan gaafatamu ta'a:

1) Tajaajila Sirnaan Kennuu Dhabuu

- (a) Hojii itti ramadame irratti argamuudhaan tajaajila qixa irraa eeggamuun kennuu dhabuu; yookin
- (b) Dhimmoota daangaa yeroo keessatti xumuruuf karooraan gaggeeffamuu dhabuudhaan dhimmoota sababa gahaa hin taaneen lafarra harkisuu; yookin
- (c) Sababa gahaa hin taaneen hojiirratti laafina argisiisuu yookin abbaa dhimmaa sababa gahaa malee deddeebisuu.

2) Abbaa Dhimmaa Kabajuu Dhabuu

- (a) Abbaa dhimmaa gara Mana Murtii dhufe kabajaa fi ulfinaan keessummeessuu dhabuudhaan ifachuu yookin sababa malee bu'uura abaree isaatiin keessummeessuu dhabuun badii naamusaa xiqqaan ni gaafachisa.
- (b) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee abbaa dhimmaa arabsuun yookin gochaa biroo haamilee isaa tuquu irratti raawwachuu yookin akka inni lola kaasu kakaasuun badii naamusaa salphaan ni gaafachisa.



3) Barreeffama Dubbifamu Barreessuu Dhabuu

- (a) Hojii dhaddachaa yookin kan dhaddachaan wal qabatu kamuu irratti yoo hojjatu barreeffama dubbifamu barreessuu dhabuu yookin ulaagaa barruu taa'e hordofee barreessuu dhabuu yookin barreeffama hin dubbifamne yookin haaqa fi laaqaa qabu yookin qubeen ittiin barreeffame kan hin mul'anne galmeetti qabsiisun ; yookin
- (b) Ragaaleen barreeffamaa galmee keessatti wal qabiisifamanis kan afaan hojii naannichaa, Afaan Oromootiin barreeffame yookin hiikame ta'uu mirkanneessuu dhabuu.

4) Galmee Irratti Odeeffannoo Guutuu Barreessuu Dhabuu

- (a) Ajaja yookin murtii kennu yookin hojii dhaddacha hojjatu yookin hojii biroo yoo hojjatu odeeffannoo guutuu kan akka fuula, lakkoofsa galmee, guyyaa, maqaa Abbaa Seerichaa, maqaa wal falmitootaa, fi kan barbaachisaa ta'an biroo haala guutuu ta'een barreessuu dhabuu; yookin
- (b) Fuula hunda irrattis osoo hin mallatteessin hafuu.

5) Ajaja Dhaddachaa Yeroon Bahii Godhuu Dhabuu

Ajaja dhaddachaa yeroon bahii gochuu dhabuu yookin bahii godhee abbaa dhimmaaf kennuu dhabuu yookin bahii ta'uu isaa mirkanneessuu dhabuu.

6) Ol'iyannoo Guutuu Kennuu Dhabuu

- (a) Ol'iyanni abbaa dhimmaaf kennamu hir'ina kan hin qabaanne ta'uu mirkanneeffachuu dhabuu; yookin
- (b) Muudamaan kamuu yemmuu ol'iyata kennu ol'iyannoon kennamu guutuu ta'uu fi fuula hir'uu yookin caalmaa ta'e, yookin fuula chaappaa hin qabne, yookin fuula citaa yookin hin dubbifamne, yookin xalayaa gaggeessituu hir'uu yookin dogoggorsiisaa ta'e, yookin maqaa ol'iyataa yookin deebii kennaa hin qabne yookin fuula waljala darbaa, yookin guyyaa fi lakkoofsa galmee hin qabne yookin dogoggora qabu, yookin tarreeffama tartiiba fuula waljala darbee fi itti



fufiinsa hin qabne kennu yookin osoo hin sirreessiin hirdhina kan hin qabne ta'uu mirkaneeffachuu dhabuu;

- (c) Hanqinni kun abbaa dhimmaa deddeebii fi baasii hin malleef kan saaxile yoo ta'e immoo badii naamusaa salphaan kan gaafachisu ta'a.

7) Falmitoota To'achuu, Yookin Obsaan Dhaggeeffachuu Yookin Dubbii Xumursiisuu Dhabuu

- (a) Akkaataa qajeelfamni dhaddachaa yookin seeroota biroo rogummaa qabuutiin gareen walfalaman falmii gaggeessuu isaanii mirkanneessuu dhabuu, yookin sirna dhaddachaa hordofuu isaanii yookin akkaataa ajajamaniin raawwachuu isaanii to'achuu dhabuu;
- (b) Haqummaan yookin walqixa keessummeessuu dhabuu; yookin iyyata harkaa fuudhuu diduu yookin dhagahuu dhabuu, yookin obsaan dhaggeeffachuu dhabuu; yookin
- (c) Yaada yookin dubbii yookin falmii isaanii xumursiisu dhabuu yookin diduu.

8) Marii Yookin Walgahii Irratti Hirmaachuu Dhabuu

Marii yookin walgahii yookin waltajjii hojii akka Mana Murtichaatti qophaa'e kamirrattuu akka itti hirmaatu gaafatamee yookin osoo beekuu sababa gahaa malee hafuu yookin hirmaachuu diduu.

9) Sirna Diriiree Hojiirra Oolchuu Dhabuu Yookin Odeeffannoo Dhimmoota Sirnaan Galmeessuu Dhabuu

- (a) Sirna odeeffannoo kenniinsa tajaajila abbaa seerummaatiif akka tajaajilu Mana Murtii keessatti diriiree jiru sirnaan hojiirra oolchu dhabuu; yookin
- (b) Odeeffannoo guutuu dhimmootaa daataa beeziitti of-eegannoodhaan galchuu dhabuu; yookin
- (c) Kaardii abbaan dhimmaa dhimma isaa ittiin hordofatu sirnaan galmeessee kennu dhabuu.



Kutaa Xiqqaa Sadii

Badiiwwan Naamusaa Salphaa

9. Tarree Badiiwwan Naamusaa Salphaa

Abbaan Seeraa badiiwwan armaan gadii raawwatee argame badii naamusaa salphaan kan gaafatamu ta'a:

1) Waliigalteen Hojjechuu Dhabuu

Akkaataa seeraatiin yookin duudhaa naamusa Abbaa Seeratiin yookin amalli hojjichaa gaafatuun nama biroo waliin waliigalanii yookin wal gargaaranii yookin kabajuudhaan hojjechuu dhabuu.

2) Iftoominaan Hojii Gaggaassuu Dhabuu Yookin Diduu

- (a) Kutaa hojii keessatti dabalatee sababni addaa yoo jiraate malee hojii isaa iftoominaan hojjachuu dhabuu yookin haala ifaan nama keessummeessuu dhabuu;
- (b) Yoo seeraan dhorkame malee yookin sababa gahaan ajaja ifatti barreeffamaan kennameen bakka hin dhorkamnetti, dhaddacha ifatti hojii dhaddachaa gaggeessuu dhabuu.

3) Hojii Irratti Dhibaawummaa Agarsiisuu

- (a) Hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa itti ramadame yookin hojii isaaf qoodame yookin kenname kamuu irratti miira itti gaafatamummaadhaan raawwachuu dhabuu yookin maal nadhibdeedhaan raawwachuu; yookin
- (b) Fedhii yookin kaka'umsa hojii gaarii agarsiisuu dhabuudhaan yookin dhibaawummaa guddaa agarsiisuudhaan dhimmoota akka malee lafarra harkisuu yookin abbaa dhimmaa deddeebisuudhaan baasii hin malleef saaxiluu yookin hojiirraan miidhaa geessisuu.



4) **Dhimmoota Filachuu**

Sababa quubsaa malee dhimma dhiyaateef ilaaluu diduu yookin sababa quubsaa hin taane barreessee dhimma ilaaluu diduu.

5) **Gochaa Amantaa, Aadaa, Duudhaa Fi Safuu Hawaasaa Tuqu Yookin Faallessu Raawwachuu**

- (a) Amala yookin mallattoo yookin gochaa yookin barreeffamaa yookin dubbii isaatiin amantaa, aadaa, duudhaa yookin safuu yookin kabaja uummataa yookin nama dhuunfaa yookin garee tuquu; yookin
- (b) Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee gochichi kabaja uummatichaa yookin nama biroo yookin garee salphise yookin uummata yookin namoota walitti buuse badii naamusaa cimaan ni gaafataama.

6) **Leenjii Yookin Waltajjii Irratti Hirmaachuu Diduu**

Leenjii yookin siminaara yookin workishooppii yookin waltajjii beekumsa yookin hubannoo isaa dabaluuuf yookin gumaacha akka godhuuf qophaa'e irratti akka hirmaatu gaafatamee hirmaachuuf sababa gahaa malee dide yookin osoo hin hayyamsiisin hafe yookin addaan kutee deemuu.

7) **Galmee Sirnaan Qabuu Dhabuu**

- (a) Galmee hojiif isa harka gale yookin to'annaa isaa jala jiru of- eeggannoon qabachuu dhabuudhaan gate yookin sanada keessaa gatuu yookin yeroon deebisuu dhabuu; yookin
- (b) Galmee yeroon deebisuu dhabuu isaatiin abbaa dhimmaa dhamaatii hin malleef saaxiluu; yookin
- (c) Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee gochicha ta'e jedhee garee tokko miidhuuf yookin garee biroo fayyaduuf yookin faayidaa hin malle argachuuf yookin nama birooof argamsiisuuf galmee isaaf qoodame yookin sanada galmee keessa gatuu yookin miliqsuu yookin mancaasuu yookin ragaa yookin odeeffannoo keessaa balleessuu yookin haquun yookin jijjiiruun badii naamusaa cimaan ni gaafachiisa.



8) **Naamusa Gaarii Dhabuu**

Amala agarsiisuun yookin uffannaadhaan yookin gochaan yookin bakka hin taane ooluudhaan kabajaa yookin maqaa ofii yookin kan Mana Murtii yookin kan ogummaa abbaa seerummaa xiqqeessuu.

9) **Murtii Yaadaan Addaa Bahuu Sirnaan Barreessuu Dhabuu**


- (a) Sababa yaadaan adda bahe yemmuu barreessuu kabaja yookin haamilee Abbootii Seeraa biroo tuquu;
- (b) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee gochichi fayyaalummaa dhabuudhaan kan raawwatame yoo ta'e badii cimaadhaan ni gaafachiisa.

10) **Hojii Dabalataa Hojjechuu Diduu Yookin Qajeelfama Fudhachuu Diduu**

- (a) Hojii dabalataa hojii isaa waliin rogummaa qabu hoogganaa isaatiin itti kennamee sababa amansiisaa hin taaneen hojjachuu diduu; yookin
- (b) Qajeelfama seeraa qabeessa ta'e hogganaa isaatiin itti kenname sababa gahaa malee fudhachuu diduu.

11) **Kanfaltii Tajaajila Abbaa Seerummaa Yookin Maallaqa Amaanaa Akkaataa Seeraatiin Walitti Qabuu Fi Bulchuu Dhabuu**

- (a) Kanfaltiiwwan tajaajila abbaa seerummaa yookin maallaqa amaanaa seeraa irratti hundaa'uun kanfalchiisuu dhabuu yookin sirnaan bulchuu dhabuu ; yookin
- (b) Keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee maallaqa walitti qabame hir'isuu yookin qisaasuu yookin nagahee sobaan walitti qabuu yookin nagahee sobaa fayyadamee herrega buusuu yookin sanada walcaalchisuun badii naamusaa cimaan ni gaafachiisa.
- (c) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, kanfaltiiwwan tajaajila abbaa seerummaa yookin maallaqaa amaanaa of biratti kuusuu yookin yeroo taa'e keessatti qabaa yookin qabduu maallaqatti yookin baankitti yookin Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdeetti galii



gochuu, sanadoota fi nagaheewwan kanaan walqabatan to'achuu fi hojiilee kana fakkaatu raawwachuun kanfaltii tajaajila abbaa seerummaa yookin maallaqqa amaanaa sirnaan bulchuu jedhamee fudhatamuu ni danda'a.

12) Ciraa Sirnaan Bulchuu Dhabuu

- (a) Ciraa dhiyaate sirnaan galmeessanii qabuu dhabuu yookin akkaataa ajaja dhaddachatiin bulchuu dhabuu.
- (b) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee ciraaf kunuunsa barbaachisaa ta'e gochuu dhabuudhaan miidhaa irraan gahu yookin amantaa hir'isuun faayidaa ofiif yookin nama biroof oolchuun badii naamusaa cimaadhaan kan gaafachiisu ta'a.

13) Miidiyaa Hawaasummaa Sirnaan Fayyadamuu Dhabuu

- (a) Miidiyaa hawaasaa haala qajeeltowwanii fi duudhaawwan hojii abbaa seerummaa wajjin wal hin simneen fayyadamuu; yookin
- (b) Miidiyaa hawaasaa irratti loogoo yookin asxaa yookin maqaa Mana Murtii yookin mallattoo addaa Mana Murtii faayidaa dhuunfaa hin malle argachuuf yookin kabajaa yookin maqaa gaarii Mana Murtii xureessuuf dhimma bahu;
- (c) Kan keewwata kan keewwata xiqqaa (a fi b) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, miidiyaa hawaasaatti yommuu fayyadamu gochaawwan bilisummaa yookin al - logummaa yookin maqaa yookin kabaja Mana Murtii miidhan raawwachuu yookin gartummaa siyaasaa haala agarsiisuun yoo fayyadame yookin haala maqaa namaa biroo xureessuun yookin nama walitti buusuun yookin okkara kaasuun yoo fayyadame badii naamusaa cimaadhaan kan gaafachiisu ta'a.

Kutaa Xiqqaa Afur

Badiiwwan Naamusaa Cimaa

10. Tarree Badiiwwan Naamusaa Cimaa

Abbaan Seeraa badiiwwan armaan gadii raawwate badii naamusaa cimaa kan itti gaafatamu ta'a.



1) Dhimmoota Dhorkaman Ilaaluu

Dhimma akka hin ilaalle seeraan dhorkame fuudhee ilaaluu.

2) Eeruu Kennuu Dhabuu

- (a) Badiin naamusaa cimaa raawwatamuu arge yookin beeke kanuma qaama dhimmi ilaalutti yookin hogganaa eeru kennuu dhabuu; yookin
- (b) Badiin naamusaa raawwatame badii naamusaa salphaa ta'ee kanuma eeru kennu yoo dhabe badii naamusa salphaa kan itti gaafatamu ta'a.
- (c) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a fi b) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, yaada hammeenyummaan irraa ka'uudhaan yookin ta'e jedhe maqaa nama biroo xureessuuf yaadee eeruu kan kenne akkuma haala raawwii isaatti badii naamusaa salphaan yookin cimaan ni gaafatama.

4) Abbaa Dhimmaa Waliin Walqunnamtii Hin Malle Uumuu

- (a) Dhimma falmiirra jiru yookin falmiif dhiyaachuuf adeemsa irra jiruun walqabatee abbaa dhimmaa wajjin wal qunnamtii yookin hariiroo hin malle taasisuu; yookin
- (b) Abbaa dhimmaa waliin wal qunnamsiisuu yookin amaalajii ta'ee argamu yookin amaalajiidhaan hojjechuu.

5) Bilisummaa yookin Al –loogummaa Mana Murtii yookin Abbaa Seeraa Eeguu yookin Eegsisuu Dhabuu

- (a) Gochaa bilisummaa yookin al-logummaa Mana Murtii yookin Abbaa Seeraa faallessu raawwachuu; yookin
- (b) Bilisummaa Mana Murtii kabachiisuu dhabuu yookin bilisummaa yookin al-logummaan hojjachuu dhabuu; yookin
- (c) Gochaa bilisummaa yookin loogummaa Mana Murtii yookin Abbaa Seeraa tuqu dhaabsisuu osoo danda'u dhaabsisuu dhabuu, yookin kan hin dandeenye yoo ta'e gabaasa gochuu dhabuu; yookin
- (d) Bilisummaa yookin al-logummaa Abbaa Seeraa biraa yookin Mana Murtii irratti ofii gocha dhiibbaa geessisu raawwachuu.



6) Hojiirraa Deddeebii'anii Hafuu Yookin Dhabamuu

- (a) Haala seeraan hayyamameen ala hojiirra deddeebi'ee hafuu yookin deddeebi'ee barfachuu yookin sa'aatii hojii qisaasuu yookin guyyoota sadiif walitti aansee hojiirraa dhabamuun yookin ida'amaan baatii tokko keessatti guyyoota sadii hin caalleef hojiirraa yoo hafe badii naamusaa salphaan ni gaafachiisa.
- (b) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, Abbaan Seeraa yookin muudamaan haala seeraan hayyamameen ala kurmaana tokko keessatti guyyoota sadii fi isaa oliif yookin baatii jaha keessatti guyyoota sadeetii fi isaa oliif, yookin waggaa keessatti guyyoota digdamaa fi isaa oliif hojiirra yoo hafe 'hojiirraa deddeebii'ee akka hafetti' fudhatamee badii naamusaa cimaan kan gaafatamu ta'a.
- (c) Tarkaanfii bulchiinsaatiin mindaa guyyoota hojiirraa deddeebi'ee hafe yookin dhabamee akka hin kanfalamne gochuun gaafatama badii naamusaa hin dhorku.

7) Walqunnamtii Ofii Isaa yookin Mana Murtii yookin Ogummaa Abbaa Seerummaa Tuffachiisu Uumuu

- (a) Bakka kamittuu nama kamuu waliin wal qunnamtii ofii isaanis ta'ee kabaja Mana Murtii yookin ogummaa abbaa seerummaa tuffachiisuu yookin xiqqessuu uumuu; yookin
- (b) Iddoo hin taanetti argamuudhaan haala amantaa ummanni Mana Murtii irratti qabu gaaffii keessa galcheen maqaa fi kabaja Mana Murtii yookin ogummaa abbaa seerummaa xiqqeessuu.

8) Icciiiti Hojii Eeguu Dhabuu

- (a) Icciiiti dhimmaa hojiif harka isaa gale yookin karaa kamiinuu beeke eeguu dhabuu yookin karaa kamiinuu baasuu; yookin
- (b) Icciiiti dhimmoota murtii dhuma hin argannee yookin murtii ifatti hin ibsamnee dursanii ibsuu yookin eeguu dhabuu; yookin



- (c) Miidiyaalee hawaasaa irratti dabalatee haala fi mala wal qunnamtii kamiinuu nama yookin qaama biraatti odeeffannoo Mana Murtii darbuu hin malle dabarsuu.

9) Hojii Duudhaa Hojii Abbaa Seerummaa Waliin Walitti Bu'u Hojjachuu

- (a) Hojii biroo amala, kabaja yookin duudhaa hojii abbaa seerummaa waliin hin deemne yookin walitti bu'iinsa faayidaa kaasisu kamiyyuu hojjetee argamuu; yookin
- (b) Hojii abbaa seerummaa isaatti fayyadamee faayidaa dhuunfaa isaaf yookin maatii isaaf yookin nama biraaf argamsiisuu yookin nama biraa irraan miidhaa geessisuu, yookin argamsiisuuf yookin miidhuuf yaaluu;
- (c) Hojii amala yookin kabaja yookin duudhaa hojii abbaa seerummaan walitti bu'an kanneen itti aanu ni dabalata: (i) Hojii abukaatummaa yookin gorsa seeraa kennuu; (ii) Dhimma Mana Murtii ilaalu irratti hojii jaarsummaa yookin araarsaa; (iii) Hojiiwwan biroo walitti bu'iinsa dantaa yookin faayidaa dhuunfaa yookin maatii waliin fidan yookin kan bilisummaa yookin al-loogummaa yookin maqaa gaarii Mana Murtii yookin Abbaa Seerichaa tuqan kamuu.
- (d) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (c) jalatti tumame akkumma eeggametti ta'ee bu'uura seera jiruun dhimma maatii isaa bakka bu'ee falmuu kan dhorku miti.

10) Seera Ifaan Jiru Dabsuun Yookin Cabsuun Hojjachuu

- (a) Walfalmitoota keessa garee tokko miidhuuf yookin fayyaduuf yookiin faayidaa hin malle argachuuf yookin nama biraaf argamsiisuuf yaaduun seera ifaan jiru dabsuun yookin cabsuun ajaja kennuu yookin murtii dabarsuu;
- (b) Ta'e jedhee yookin maal dhibdeedhaan haala galmees irraa hubatamuun miidhaa qaqqabsiisuuf yookin faayidaa argamsiisuudhaaf yookin dhugaa dhoksuun haqa jallisuudhaaf jecha ijoo falmii yookin ragaa dabsanii galmeessuu yookin guutummaan galmeessuu dhabuu yookin keessaa



balleessuu yookin ragaa yookin dubbii dhimmaa biroo murteessoo ta'an galmee yookin ajaja yookin murtii keessatti qixaan galmeessuu dhabuu.

11) Abbootii Dhimma Wal-qixa Ilaaluu Dhabuu

- (a) Abbootii dhimmaa isa fuulduratti dhiyaatan wal-qixa keessummeessuu dhabuu; yookin
- (b) Amantaan, gosaan, sabummaan, afaaniin, aadaan, ilaalcha siyaasaan, bakkaan (naannoon), koornayaan, walitti dhufeenyaan yookin faayidaan loogii yookin garaagarummaa yookin qooddii hin malle abbaa dhimmaa irratti raawwachuu.

12) Lola Kaasuu Yookin Reebicha Raawwachuu


- (a) Bakka hojiitti yookin mooraa Mana Murtii keessatti nama kamirrattuu lola kaasuu, yookin rebicha raawwachuu yookin nama wal-lolsiisuu yookin jeequmsa kaasuu yookin kaasisuu yookin arrabsuu yookin kabaja namoomaa tuqu kamuu raawwachuu, yookin tuttuqqii saalaa raawwachuu; yookin
- (b) Hojii abbaa seerummaa irratti fincila yookin okkara yookin mormii kaasuu yookin hojii dhaabuu, yookin kaasuuf yookin dhaabuuf yaaluu, yookin namoota biroo kakaasuu yookin kakaasuuf yaaluu, haala kamiinuu gochaa akkanaa keessatti qooda fudhachuu.

13) Galii Yookin Qabeenya Beeksisuu Dhabuu

- (a) Qabeenyaa fi galii ofii yookin kan maatii isaa akkaataa seera jiruutiin beeksisuu dhabuu yookin diduu yookin dhoksuu yookin kana ilaalchisee odeeffannoo sobaa kennuu; yookin
- (b) Kanneen beeksiseen alatti qabeenya maddi galii isaa hin beekamne horatee argamuu.

14) Faayidaa Hin Malle Argachuu

- (a) Hojii abbaa seerummaa hojjatuun walqabsiisee matta'aa fudhachuu yookin fudhachuuf yaaluu yookin Abbaan Seeraa biroon akka matta'aa fudhatu jajjabeessuu yookin dhiibbaa taasisuu; yookiin faayidaa kamiyyuu argachuu



yookin argachuuf yaaluu yookin nama biraaf argamsiisuu yookin argamsiisuuf yaaluu; yookin

- (b) Qabeenya mootummaatti seeraan ala tajaajilamuu yookin tajaajila nama biroof oolchuu; yookin
- (c) Durgoo yookin kanfaltii seeraan ala fudhachuu yookin namni biraan akka fudhatu taasisuu.

15) Aangoon Garmalee Yookin Aangoo Hin Qabnetti Fayyadamuu

- (a) Aangoon seeraan kennameefitti garmalee fayyadamuun dantaa hin malle argachuu yookin nama biroof argamsiisuu yookin nama biraa irraan miidhaa geessisuu ; yookin
- (b) Aangoo hin qabnetti fayyadamuun dantaa hin malle argachuuf ofiif yookin nama biroof argamsiisuuf yaaduun miidhaa qaqqabsiisuu.

16) Ragaa Sobaatti Fayyadamuu

- (a) Ragaa sobaa fayyadamuudhaan faayidaa hin malle argachuu yookin argachuuf yaaluu yookin nama biroof argamsiisuu yookan argamsiisuuf yaaluu; yookin
- (b) Faayidaa hin malle argachuuf yookin nama biroof argamsiisuuf yookin nama biraa miidhuuf jecha ragaa sobaa ta'uu osoo beekuu itti gargaaramuun murtii dabarsuu.

17) Sochii Siyaasaa Keessatti Hirmaanna Taasisuu

- (a) Abbaan Seeraa bara hojii abbaa seerummaatiin hojjatutti 'sochiin siyaasaa' keessatti hirmaannaa taasisuu;
- (b) 'Sochii siyaasaa' jechuun gochaawwan armaan gadii fi akka haala isaatti kan biroo illee ni dabalata:
 - i) Miseensa dhaaba siyaasaa ta'uu yookin dhaaba siyaasaa bakka bu'uun hojjachuu, yookin filannoof dhiyaachuu;



- ii) Ifatti dhaaba siyaasaa tokko deeggaranii yookin mormanii haasaa taasisuu yookin miidiyaa hawaasaa irratti dabalatee barreessuu yookin odeeffannoo tatamsaasuu;
- iii) Rogeessa dhimmaa siyaasaa ta'uun hojjachuu;
- iv) Nama kaadhimamaa filannoof dorgomu tokko ifatti deeggaruu yookin mormuu;
- v) Dhaaba siyaasaaf yookin hojii siyaasaaf jecha nama miseensaa dhaabaa siyaasaa ta'eef, deeggarsa maallaqaa godhuu yookin buusii yookin deeggarsa walitti qabuu;
- vi) Kora, yaa'ii yookin waltajjii dhaabni siyaasaa yaame irratti argamuu, yookin hiriira dhimma siyaasaa irratti hirmaannaa taasisuu;

18) Heera Mootummaaf Amanamuu Yookin Kabajuu Dhabuu

- (a) Heera mootummaa fudhachuu dhabuu, heericha amanuu yookin kabajuu fi kabachiisuu dhabuu; yookin
- (b) Heericha haala ogummaan ala ta'een qeequudhaan namni heericha akka hin fudhanneef yookin itti hin amannee taasisuu;
- (c) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a fi b) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee sirna ogummaa hordofee dhimma heeraa barreessuu, xiinxaluu, hiika itti kennuu, yaada ogummaa kennuu, walumatti hojii beekumsa gama kanaan jiru babal'isuu kan dhorku miti.

KUTAA SADII

ADABBII NAAMUSAA

11. Kaayyoo Adabbii Naamusaa

Kaayyoon adabbii naamusaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota naamusaa fi amala fakkeenyummaa qabu gonfachiisuu, akkasumas adabaman badii raawwatetti gaabbee akka of sirreessu dandessisuu fi Abbootiin Seeraa yookin Muudamtoonni kaanis akka irraa baratan taasisuudha. Walumatti, hojiin abbaa seerummaa bakka dhugaa fi haqni itti mirkannoofu taasisuudhaan Manneen Murtii fi Abbootiin Seeraa amantaa uummataa akka horatan gumaachuu dha.



12. Qajeeltoo Adabbii

Dhimmoonni badii naamuusaa uumaman haala adda addaa keessatti fi amala adda addaatiin raawwatamu waan ta'eef miidhaan isaan dhaqqabsiisanis gargar ta'uu isaatiin adabbiin kennamus haalawwan kanneen tilmaama keessa kan galchuu ta'a.

13. Gosoota Adabbii Naamusaa

Badiiwwan naamusaa Dambii kana keessatti tumaman raawwatamanii yoo argame akkuma haala isaatti adabbiwwan armaan gadiitiin kan adabsiisan ta'a:

- 1) Gorsa afaanii baaarreeffamaan kan kennamu
- 2) Akeekkachiisa barreeffamaa
- 3) Adabbii mindaa bultii kudha shanii hanga baatii tokko
- 4) Adabbii mindaa baatii tokkoo gadi hin taane yookin baatii lama hin caallen
- 5) Mindaa fi Sadarkaa irraa gadi buusuu yookin
- 6) Hojiirraa gaggeessuu
- 7) Gosti adabbii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumame walduraa duuban badii naamusaa xiqqaa fi salphaaf kan tumame yoo ta'u adabbiin keewwata xiqqaa (3) hanga (6)tti tumamee jiru badii naamusaa cimaaf kan ooludha.

14. Adabbii Badii Naamusa Xiqqaa

- 1) Badiin naamusaa xiqqaan yeroo jalqabaaf yoo raawwatame bu'uurarraa akka dhimma bulchiinsaatti kan ilaalamuu ta'ee adabbiin hordofu gorsa afaanii barruudhaan kennamun ta'a.
- 2) Adabbiin keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame kunis gaggeessaa dhiyootiin kan kennamu fi galmee dhuunfaan kan wal qabatu ta'ee kuusaan kun dhimmicha bulchiinsan ilaalamuu ibsuuf qofa oolun ala guddinaa fi haala biroo nama adabamee irratti dhiibbaa hin qabaatu.
- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee badiin naamusaa xiqqaan yeroo lammaffaaf yeroo baatii jahaa keessatti yoo raawwatame badii xiqqaa ta'uun isaa hafee badii salphaa ta'a. Adeemsa naamusa idileetiinis kan ilaallamu ta'a.



- 4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumame jiraatus badiin naamusaa xiqqaan lama fi lamaa ol al-tokkotti yookin yeroo adda addaa keessatti kan raawwatame yoo ta'e akka badii naamusaa salphaatti kan ilaalamu ta'a.
- 5) Keewwata kanaaf jecha gaggeessaa dhiyoo jechuun gaggeessaa dhimmaa ykn gaggeessaa garee ykn dursaa garee ta'ee akkuma haala isaatti Abbaa Adeemsaa ykn Daayireektara ykn Itti gaafatamaa kan dabalatudha.

15. Adabbii Badii Naamusaa Salphaa

- 1) Badiin naamusaa salphaan yeroo jalqabaatiif yoo raawwatame akeekkachiisa barreeffamaan ni adabsiisa.
- 2) Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee badiin naamusaa salphaan yeroo lammaffaaf yoo raawwatame akka badii naamusaa cimaan yeroo jalqabaaf raawwatameetti ilaalamee badii naamusaa cimaan kan adabsiisu ta'a.
- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee badiin naamusaa salphaan lamaa fi lamaa ol ta'e yeroo tokkotti yookin yeroo adda addaa keessatti kan raawwatame yoo ta'e badichi badii salphaa ta'uun hafee badii cimaa ta'a.

16. Adabbii Badii Naamusaa Cimaa

- 1) Badiin naamusaa cimaan yeroo duraatiif yoo raawwatame adabbii mindaa bultii 15 hanga baatii tokkotiin ni adabsiisa. Badiin naamusaa salphaa fi cimaan tokkoo al-tokkotti yookin yeroo adda addaatti yoo raawwatame adabbii mindaa baatii tokko hanga baatii lama gahuun ni adabsiisa.
- 2) Badiin naamusaa cimaan yeroo lammaffaaf yoo raawwatame mindaa fi sadarkaa irraa gadi bu'uun kan adabsiisu ta'a.
- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee badiin naamusaa cimaan lama yeroo tokkotti yookin yeroo adda addaa keessatti kan raawwatame yoo ta'e mindaa fi sadarkaa irraa gadi bu'uun kan adabsiisu ta'a.
- 4) Badiin naamusaa cimaan yeroo sadaffaaf yoo raawwatame hojiirraa gaggeessuun kan adabsiisu ta'a.



- 5) Badiin naamusaa cimaan sadii yeroo tokkotti yookin yeroo adda addaa keessatti kan raawwatame yoo ta'e hojiirraa gaggeessisa.
- 6) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee badii naamusaa salphaan adabamee yeroo lamaffaaf badii naamusaa cima yoo raawwate yookin badii naamusaa cimaan adabamee yeroo lamaffaaf badii naamusaa salphaa yoo raawwate adabbii mindaa baatii tokkoo gadi hin taanen yookin baatii lama hin caallen kan adabamu ta'a.
- 7) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (5) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (6)tiin erga adabame booda yeroo sadaffaaf badii naamusaa salphaa yookin cima yoo raawwate mindaa fi sadarkaa irraa gadi bu'uun kan adabamu ta'a. Yeroo afraffaaf badii kamuu yoo raawwate hojiirra ni gaggeeffama.
- 8) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (7) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee badiin naamusaa kamuu yeroo jalqabaaf kan raawwatame ta'ee badichi yookin haalli itti raawwatame fokkisaa fi jibbisiisaa yoo ta'e hojiirraa kan gaggeessisu ta'a.
- 9) Raawwatiinsa keewwata kana keewwata xiqqaa (8) tiif jecha badiin yookin haalli itti raawwatame fokkisaa fi jibbisiisaadha kan jedhamu sammuu nama dhamaqabeessa ta'ee fi haala aadaa, safuu fi amantii uummata naannootiin gochaa qaanessaa ta'ee fi amantaa uummanni Mana Murtii irratti qabaachuu qabu haalaan kan miidhe yoo ta'ee dha.
- 10) **“Sadarkaa fi Mindaa Irraa Bu’uu”** jechuun guddina sadarkaa olee Abbaan Seeraa yookin muudamaan yeroo yeroon Mana Murtii keessa hojjetu keessatti dorgomee argatuu fi mindaa sadarkichaaf taa'e irraa bu'uu jechuu ta'ee muudamaan sadarkaa jalqabaa irra jiru mindaa sadarkaa guddina olee isa fuuldura jiru irraa shallagamee kan irraa citu jechuudha. Bakka sadarkaan irraa bu'amu hin jiretti guddina sadarkaa olee muudamaa birootiif taa'e gidduu garaagarummaa mindaa jiru shallagun kan irraa citudha. Sadarkaa fi mindaa irraa bu'uun pirezidaantummaa yookin Gaggeessummaa Adeemsa Hojii yookin Gaggeessummaa Garee yookin Itti gaafatamummaa Waajjiraa yookin



Daarikterummaa yookin Qindeessummaa irraa kaafamuu yookin bu'uu hin dabalatu.

- 11) Abbaan Seeraa yookin muudamaan badii naamusaa raawwatee adabame amma moggaafamutti guddina sadarkaa olee yookin guddina gaggeessummaa yookin muudama kamiyyuu irratti dorgomuu hin danda'u.

KUTAA AFUR

TUMAALEE ADDA ADDAA

17. Tarkaanfii Bulchiinsaa Fudhachuu

Pirezidaantiin Mana Murtii sadarkaa kamiyyuu mindaan abbaa seeraa yookin muudamaa hayyama yookin sababa gahaa malee hojiirra hafee yookin dhabame cite kaazinaa mootummaatti akka deebi'u ni taasisa.

18. Hojiirra Ittisuu

- 1) Pirezidaantiin Mana Murtii Waliigalaa yookin Pirezidaantiin Mana Murtii Ol'aanaa Abbaan Seeraa yookin muudamaan badii naamusaa raawwate akkaataa armaan gaditti tumameen mindaa waliin hanga Yaa'ii Gumii itti aanutti hojiirra ittifamee akka turu ajaja kan kennu:
- 2) Cimina badii naamusaa raawwatameen wal-qabatee hawaasni amantaa Mana Murtii fi kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irratti qabu dhaba jedhamee yoo tilmaamame; yookin
- 3) Badii naamusaa hojiirran miidhaa geessisuu danda'u yookin kabaja abbaa seerummaa tuqu ni raawwata jedhamee yoo tilmaame; yookin
- 4) Badiin naamusaa raawwatame hojiirraa kan gaggeessisu ta'uu tilmaamni yoo jiraate.
- 5) Abbaan Seeraa yookin muudamaan hojiirra ittifamuun isaa barbaachisaadha jedhee yoo itti amane yeroo hangamiif akka ittifame turu haala ifa ta'een sababa isaa waliin barreeffamaan ibsamuufii qaba. Abbaa Seeraa yookin muudamaa hojiirra ittifamu qaaman argachuun rakkisaa yoo ta'e boordii beeksisaa Mana Murtii inni itti hojjetutti akka beeku maxxansuu qaba.



- 6) Hojiirra ittifamuun Abbaa Seeraa yookin muudamaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti yeroo taa'e keessatti Yaa'ii Gumii Naannootti yookin Gumii Godinatti dhiyaate mirkanaa'u qaba.

19. Haala Fooyya'iinsaa Dambichaa

Barbaachisaa ta'ee yoo argame Gumiin Dambii kana yeroo kamiyyuu fooyyessuu ni danda'a.

20. Dhimoota Naamusaa Ilaalamaa Jiran

- 1) Dambiin kun ragga'ee bahuun dura dhimmoonni naamusaa himannaan dhiyaatee ilaalama jiran tumaalee Dambii duraatiin xumura argatu.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame jiraatus Abbaa Seeraa yookin muudamaa badii naamusaatiin himatame kan fayyadu yoo ta'e Dambiin fooyya'e bahe raawwatiinsa ni qabaata.

21. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabanne

- 1) Dambiin Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Lakk. 2/2001 fi Dambii Itti Fayyadama Miidiyaalee Hawaasaa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 1/2010 Dambii kanaan haqamaniiru.
- 2) Dambiin, qajeelfamni, hojimaanni fi murtiiwwan Dambii kanaan walitti bu'an kamiyyuu dhimmoota Dambii kanaan huwwifaman ilaalchisee raawwatiinsa hin qabaatan.

22. Yeroo Hojiirra Oolmaa Dambichaa

Dambiin kun gaafa Guraandhala 11 bara 2011 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

Dasaa Bulchaa

Pireezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi

Walittiqabaa Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa

